Osoo soba ta'uu isaa beekuu namni hadiisa tokko narraa odeesse, inni sobdoota irraa isa tokkodha

Samuraa ibnu jundubii fi Mughiiraa ibnu Shu'ubaa irraa akka odeeffametti -Rabbi isaan irraa haa jaallatu- ni jedhani: Ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Osoo soba ta'uu isaa beekuu namni hadiisa tokko narraa odeesse, inni sobdoota irraa isa tokkodha».

[sirrii] [رواه مسلم في مقدمته]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- namni osoo beekuu yookaan shakkuu yookaan shakkii isaa irra guddaan isaan irratti akka sobame osoo beekuu nabiyyii irraa -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- hadiisa dabrse; namni isa odeesse soba kana isa eegalee woliin akka qooddatu himaniiru.

http://www.sunnah.global/hadeeth/om/show/6982